Qajeelfama

Oromo Absentee Ballot Instructions for Non-Registered Voters - 2016

Bakka filmaataatti utuu hin argamin akkataa itti filan

Waan si barbaachisu:

- Waraqaa filmaataa*
- Poostaa filmaataa bifa daalacha*
- Iyyannaa filuuf ittin galmaa'an*
- Poostaa mallattoo adii*
- Poostaa adii guddaa keessa keese ergitu*
- Qalama guraacha
- Lakkoobsa heeyama konkolaataa ittiin oofan kan Minnesota teesoon kee itti katabame ykn bakka ati jiraatu kan mirkaneesu ragaa haayyamame. *Maal akka ta'an beekuuf gama duuba kanaa ilaali.*

* *Yoo waan kana keessaa hira'ate qondaala filmataa ganda kee adaraa quunami.*

- Lakkoobsa waraqaa eenymmaa kee
  Lakkoobsa heeyama konkolaataa ittiin oofan kan Minnesota, waraqaa eenyummaa Minnesota, ykn lakkoobsa arfan dhumaa sooshal sakuritii kee.
  Yoo lakkoobsa kana hundaa hin qabdu ta'e kan kanaa gadditi jiru ilaali.
- Dhuga baatuu
  Minnesota keessatti filuuf nammi galmaa'e kammiyyuu *haadha warra kee dabalatee ykn fira, ykn* ragaasiftu (nootarii) uumataa, *ykn* nama kaksiisuuf abboon kennameef



Barbaachisaa: Unka filuuf ittiin galmoofte waraqaa filmaataa (poostaa filmaataa adii keessa) kee waliin kennuun dirqama akka sagleen kee laka'amuuf.

❶ Iyyannaa filuuf ittin galmaa'an guutiiti mallatteesi

- Dhuga baatuu keeti heeyama konkolaataa ittiin ooftu ykn raga bakka jiraattu mirkaneessu itti agarsiisi. Yoo dogoggora goote duuba waraqaa filmaata kana ilaali.



❷ Fili!

- Dhuga baatu keetti waraqaa filmaataa kee kan itti hin katabamin itti agarsiisiti qofaati nama filtu fili.
- Qaceelfama warqaa filmaataa irra jiru hordofi.
- Maqaa ykn lakkoobsa waraqaa eenyummaa kee waraqaa filmaataa irrati <u>hin</u> katabin.
- Nomoota filuun hayyamame caala <u>hin</u> filin. *Yoo kana goote filmaati ati nama kanaa goote hin lakkaa'amu.* ***Yoo dogogora goote duuba waraqaa filmaataa kana ilaali.***



❸ Waraqaa filmaataa kee poostaa daalacha keessa kaa'iiti cufi ykn qadaadi.

- Poostaa kana irratti hin katabin

❹ Poostaa isa daalacha fi iyyanaa filuuf ittin galmoofte kana poostaa mallatoo isa adii keessa kaa'i



❺ Poostaa mallattoo isa adii irra kan jiru <u>guutummaati</u> guuti

- Yoo teessoon itti maxxanfamu hin jiru ta'e, maqaa fi teeso kee Minnesota itti katabi.
- Lakkoobsa heeyamma konkolaataa oofu Minnesota, lakkoobsa waraqaa eenyuma Minnesota, ykn lakkoobsa dhummaa arfan sooshal sakuritii kee katabi.
  Lakoobsa waraqaa filmaataa kallatiin bakka Filanno utuu hin argamin filan iyyata galchite irrati katabdeti dhimma ba'uu kee mirkaneeffadhu.
  Yoo lakkoobsa kana hin qabdu ta'e, sanduuqati malatoo godhi.
- Kakaa kee dubisii mallatteesi.
- Dhuga baatota kee akka isaan maqaa fi teesoo isaanii kan Minnesota, magaalaa dabalate (teesson saanduqa poostaa hin ta'u), ragaa mirkaneessu isa kamiin akka dhimma baate muli'isi, akka isaan katabanii maqaa isaanii mallatteesan gaafadhu.
  Yoo dhuga baatuun kee qondaala Ykn ragaasiftuu (nootarii), ta'e qooda teeso aboo saanii katabuu qabu. Ragaasiftuun (nootarii) chaaphaa itti Kaa'uu qaba.
- Poosticha cufi ykn qadaadi.



❻ Odeeffannoo iccitaa kee akka hin argamnetti poostaa mallatoo poostaa isa adii isa guddaa keessa kaa'i

- Poosticha cufi ykn qadaadi.



❼ Waraqaa filmaataa kee hamma <u>Guyyaa Filannoo teessoo poostaa akka ittiin deebistuuf si kenname irra jiruti</u> deebisi.

Waraqaa filmaataa bakka ati itti filtuti hin kennamu ta'a.

Filannooo sadii qabda ta'a :

- Akka inni Guyyaa Filannoo dura ga'utti karaa mana Poostaa U.S ykn tajaajila warra geesaniiti dhimmi ba'uun,
- Guyyaa Filannoo dura kallattin geesi ykn hanga sa'a 3:00wb Guyyaa Filannoo. Ykn,
- Nammi biraan Guyyaa Filannoo sa'a 3:00wd akka siif geessuu gaafadhu.
  Nammi kun waraqaa Filannoo sadii oli geessuu hin danda'u.



Haala bakka Filanno utuu hin argamin filuu kee hubachuuf, www.mnvotes.org ilaali.

Filmaata waan ittiin bakka jiraatu mirkaneesan

Lakkoobsa heeyamma konkolaataa oofu Minnesota isa dhugaa, ID kaardii Minnesota, ykn heeyyama fi ragaa bakka amma jiraattu agarsiisu

ykn

Waraqaa eenyyumaa suura qabu garuu teesoo kee amma kan hin qabnee fi ragaa bakka amma jiraattu agarsiisu waliin

- **Waraqaa eenyummaa suuraa qabu heeyamamuu:** Minnesota ykn mootummaa bira irraa heeyama konkolaataa ittin oofan, heeyyama barataa, ykn Waraqaa eenyummaa, paaspoortii U.S; waraqaa eenyummaa loltuu ykn loltuu U.S nama ture; mana barnootaa sadarkaa lamaffaa/koolleejjii/univerisitii Minnesota ykn waraqaa eenyummaa gosaa fi mallattoo kee qabu, kan waajira Dhimma warra Indiantiin mirkaneeffame.
- **Teessoo kee ammaa waliin raga fudhatama qabu:** waraqaa kafltii ka dhugaa, odeeffannoo heregaa fi yoom tajaajila akka siif eegalamu beeksisa kenname dabalatee, inni kunis guyyaa 30 keessatti kan ergameef guyyaa filmaataa dura ykn booda guyyaa 30 keessatti kan kafalamu, odeeffannoo kafaltii mana barumsaa kan ammaa, ykn hanga guyyaa Filanno walii galtee kiraa. Waraqaan kafltii inni dhugaan: gaasii, ibsaa, kan kosii, bishaan, dhangala'aa mana ba'u, bilbila, bilbila harkaa, televiziyoona, interneetii ka irra argatan, kireedit kaardii, tajaajila baankii; ykn kaffaltii liqaa manaa ykn kiraa manaaf ta'e.

ykn kanati aansee ka jiran keessaa tokko ta'uu danda'a:

- Naga'eera bifa keelloo heeyyama konkolaataa Minnesota fi kafalame isa sirrii, waraqaa eenyummaa Minnesota irraa kename, ykn heeyama teesoo kee ammaa waliin.
- Waabii Bahuu: malatoo nama filuuf galma'ee naannoo filmaataa sana keesa jiraatuu fi kalatiin akka ati achi jiraattu kan si beeku. Yoo nammi dhugaa si ba'u bakka naannoo keetti filuuf galmaa'e, nammi dhugaa si ba'u kun wabii si ta'uu danda'a.

  Name kun iyyannaa filmaata filuuf kenname duuba isa jiru unkaa waabii guutummaati guutee mallatteessuun dirqama.
- Waraqaa eenyummaa gosa maqaa kee qabu, teesoo, mallatoo, fi suuraa, gosa Waajjira Dhimma Warra Indiian mirkanaa'e.
- "Beeksisa erga yeroon darbee galmaa'uuf kenname" yoo odiitara kaawontii ykn barreessaa magalaa kee irraa si qaqabe.
- Yoo naannoo (ganda) kee keessatti teesoo jijjiiarte ykn maqaa kee jijjiratee yeroo amaati ganda sanatti galmooftee jirta ta'e.
- Jiraatotta bakka jireenyaa keessa jiraniif wabii ta'u: mallattoon hojetaa bakka ati jiraatu, inni kunnis bakka tajaajili kunuunsu itti kenamu, mana gurmuun keessa jiratan, bakka qubannaa yeroo dubartoota miidhamanii, bakka qubannaa yeroof namoomta mana hin qabnee, fi kkf dabalateeti.

  Yoo bakki ati jiraattu isa kana gochuu isaa hin mirakneefanne, qondaala filmataa naannoo kee bilbilii gaafadhu.
  Hojjetaan duuba iyyannaa filmaata filuuf guutamee isa jiru unkaa wabii guutumaati guutee mallateesuun dirqama.

Dogoggora qajeelchuu

- Yoo yeroon jiraate, waajira filmaataa kee waraqaa filmaataa haaraa gaafadhu. Ykn,
- Maqaa namaa dogogoraan filtee dalga irra kutiiti nama filuu barbaadu malatoo itti godhi (isa sireesiteti hin mallatteesin).



Yoo hirina qaamaa qabaate:

Yoo hirina qaamaa qabaate ykn waraqaa filmaataa keetti katabuu dadhabde, dhuga baatuun kee geggeessaa keen mallattoo itti si gochuu, waraqaa sirrii si galchuu, unkaa guutuun si gargaaruu ni danda'a.

Akka seera Minnesotaati oggaa poostaa mallatteesitu, poostaa isa ittiin deebi'u ofii kee mallatteessi.

- Ofii kee mallattoo godhi, ykn
- Mallattoo kee (Milikkita) kee itti godhi,
- Dhuga baatuun kee bakka ati jirtutti akka inni mallatteessu gaafadhu. (Akka dhuga baatuun kees maqaa isanii mallatteessan godhi.)
- Yoo bakka mallatteessuu mallattoo chaaphaati dhimma baata ta'e, mallattoo chaphaati dhimmi ba'uu ni dandeesa ykn dhuga baatuun kee chaphaa mallattoo keeti akka inni bakka ati jirtutti dhimmi itti ba'u gaafadhu.

Seera Minnesota, kutaa 645.44, kutaa xiqqaa 14

Hubachiisa iccitaa: yoo waraqaan filmaataa kee fudhatama argate, maqaa fi teessoo kee uumati argachuu ni danda'u, kunis immoo ogaa filmaataa, siyaasa fi seera eegsisuuf dhimmi itti bahamuudha. Kanaan alatti, odeeffannoon ati poostaa mallatoo irratti keennite hanga sa'a 8:00 wb warra qondaala filmaataa qofaatu Guyyaa Filmaataa arguu danda'a. Sa'a kana booda, poostaa keef odeefannoon achi irra jiru hundi lakoobsa eenyummaa kee irraa kan hafe odeeffannoo uummataa ta'a. Sababni lakkoobsi waraqaa eenyummaa kee barbaachiseef nammi dursee waraqaa filmaataa gafateen guutamee deebi'uu isaa mirkaneefachuuf. Odeefannoo kana diduu ni dandeesa, garuu kana gochuu keen waraqaan filmaataa kee bakka filmaatii itti ta'utti utuu hin argamin filan akka hin fudhatamne fi haala bakka Filanno utuu hin argamin filte maal irra akka jiru duukaa bu'uu si dhorka.